# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



# Siimson, Nama Waaqayyoo Jabaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Lyn Doerksen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Waggaa dheeraa, biyya Israa'el keessa namin Maano'aa jedhamu in jiraata. Innii fi haati manaa isaa dhala hin qaban. Guyyaa tokko ergamaan Waaqayyoo Obbo Maano'aatti mul'ate. "Mucaa adda ta'e in argatta," ittiin jedheen.



Oduu gaariidha jette abbaa manaa isheetti himte Maano'aanis in kadhate, Eyyee, Gooftaa koo, ……… gara keenya ilaali, mucaa keenyaaf maal gochuu akka qabnu nubarsiis jedhe.



3



Qarabaan mataa mucaa dhaltu irra hin ga'in, dhugaatii macheessu hin dhugin, soorata xuraawaa hin sooratin jechuun Maano'aatti ergamaan itti hime. Abbaa seeraa akka ta'uuf Waaqayyo isa fileera. Geggeessaa Iraa'el in ta'a.



4



Sabin Waaqayyoo gargaarsa barbaada. Waaqayyoo dhiisanii bakkee ba'anii diinaan dararamu, Filisxeemotaan. Garuu yeroo isaan kadhatan Waaqayyo dhaga'e. Mucaasaa isa biyya lafaa irratti jabaa ta'e erge.

5

"Dubartitiin mucaa deesse Siimson jettee moggaafte: mucichi guddatee, Waaqayyos isa eebbise. Hafuurri Waaqayyoo isa irraa mul'achuu jalqabe." Siimsoon nama jabaa ta'e. Guyyaa tokko leenca saafila harkasaa qullaa ittiin qabuun leencicha ajjeese.



6



Isa booda, Siimson raqa leencaa du'ee keessatti gurmuu kanniisaa damma dammeesse arguun dammicha haraka isaan kutee nyaate. Hibboo qopheesse "Isa nyaatu keessaa wanta nyaatamutu ba'e, isa jabaa keessaa wanta mi'aa'utu ba'e."

7



Namin tokko illee hiika hibboo sanaa argachuu hin dandeenye – garuu haati manaa Siimson Filisxeemtittiin hiriyoota isheetti waan himteef Siimson baayyee aare.

8

Warri filisxeem haadhamanaa isaa hiriyaasaaf yeroo kennan Siimson baayyee aare. Haloo ba'uuf karoorse. Garuu akkamitti haloo ba'a? Wangoota 300 walitti qabe eegee isaanii lama lamaan walitti hidhee xomboora boba'u itti hidhee.



9

Isa booda oyiruu midhaan warra Filisxeemitti gadhiisuun gube.



10

Warri Filisxeem haaloo isa ba'uu barbaadan. Filsxeemoti akka si ajjeesaniif harka isaa lamaan walitti hidhanii holqa dhagichaa keessaa fuudhanii ol ba'an.



11

Hafuurri Waaqayyoo gara Siimson dhufuun funyoo harkisaa ittiin hidhamee ture sunis akka fo'aa ibiddi qabatee in ta'e, hidhaan harkasaa irraa bu'e. Yeroo kana lafee mangaagaa harree hoolaa arge fudhatee diinotasaa 1000 ajjeese.



12

Filisxeemonni seensa cufanii riphanii madara marsanii Siimon barbaadaa turan. Halkan guyyaa tokkoo michichila karra mandarichaa lamaan qabee, cufaa isaattii fi danqaraa isaa wajjin buqqisee gatiitti irra kaa'atee roggee tulluutti ol deeme.



13

Garuu Siimson in kufe. Waaqayyo hamma inni abboomametti jabina kenneef. Guyyaa tokko, icitii jabina isaa dubartii basaastuu warra Filisxeem Daliilaa jedhamtutti hime.



14


Siree Daliilaa irratti Simooniin loltooti Filisxeem lola itti banan. Siimson lola jabaa isaan waliin gaggeessuus humni isaa irraa deemeera. Ija isaa keessaa baasan.
15


Siimson jaamaa fi dadhabaa ta'uun garba warra Filisxeem ta'e. Tajaajilaa Waaqayyootti baacuun kolfan.
16


Gurguddooti Filsxeem Siimson harka isaanii keessa waan buuseef Waaqa isaanii Daagooniif qalma dhiyeessan. Mana waaqeffanna waaqa tolfamaa isaanitti dhugaatii in dhugan in gammadan. Siimsoon waanmanii akka isaan duratti hojiisaa hojjetu taasisan.
17


Gurbichi Siimsoniin fide. Utubaalee mana waaqeffannaa waaqa tolfamaa isaan qabee jiru irra akka utaalu taasisan. Filsxeemota 3000 kutaa manicaa keessa turan, baayeen isaanii immoo mana qulqullummaa waaqeffannaa isaanii keessa ta'uun itti baacan.
18


Haata'u garuu rifeenisi Siimson mana hidhaa keessatti guddachuu eegale. Amma Siimson in kadhate, OH WAAQA KOO, najabeessi jedhe, ija koo lamaan dhabeef ijaan ba'a jedhe.
19


Waaqayyo Siimsoniif jabina in kennaa? Dadhabee argamaa Siimsoon? Eeyyee! Eeeyyee! In jeabeese Siimson utubaalee mana waaqeffannaa waaqa tofamaa adda baase. Manni qulqullummaa Waaqa tolfanmaa burkutaa'e Filsxeemota kumaatamatti lakkaa'aman du'an innis indu'e!
20

Siimson, Nama Waaqayyoo Jabaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Abbootii Firdii 13-16

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130






14

60



Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16